

RAAJOTA KAKUU MOOFAA



Barnoota 3ffaa
Onkoloolessa 17, 2026



«Isaanis guyyaa itti
aanu ganamaan ka'anii
gammoojjii Tefqoo'aatti
ni qajeelan.

Yehooshaafaaxis
akkuma isaan ba'aniin
dhaabatee, "Namoonni
Yihudaa fi Yerusaleem
na dhaggeeffadhaa!
Isin ni jabaattuutii
Waaqayyo Waaqa
keessan amanadhaa;
raajota Isaa illee
amanaa isin ni
milkooftuutii" jedhe»

(2 S/Baraa 20:20)

Bara Kakuu Moofaa keessa, namoonni Waaqayyo irraa ergaa fuudhanii nama biraatti himan, nama mul'ata argu ykn raajii jedhama ture (1 Saam. 9:9).

Isaan dandeettii waan dhokataa beekuu qabu, waan dhufuuf jedhu illee beeku (1 Saam. 9:6), garuu hojiin isaanii kana qofaatti hin daangeffamu; waan baay'ee of keessaa qaba. Dandeettiin kun isaan biraa utuu hin taane, Waaqayyo biraa kennamaaf.

Garuu raajonni sobduun “mul'ata garaa isaanii” keessaa fuudhanii dubbatanis turaniiru (Ermij. 23:16).



Tajaajila raajiitti eenyufaatu waamame?

Amalli raajotaa akkam ture?

Raajonni hojii akkamii hojjetu?

Dubartoota kamfaatu kennaa raajii qaba ture?


Raajonni amala akkamii qabu turan?

TAJAAJILA RAAJIITI EENYUFAATU WAAMAME?

“Eliyaas namuma akka keenyaa ture. Innis akka bokkaan hin roobneef jabeessee kadhate; bokkaanis wagga sadii fi ji’a ja’a lafa irratti hin roobne.” (Yaaqoob 5:17)


Raajonni “namoota hunumaa caalan” jennee dogoggora amanuutti kufuu ni dandeenya. Garuu Museen giingee waan ta’eef sababa kanaaf diduu yaalee ture (Ba’uu. 4:10); Isaayaas ani nama hidhiin isaa xuraa’e ofiin jedhe (Isaa. 6:5); Ermiyaas ani hojii sanaaf baay’ee mucaa dha ofiin jedhe (Ermiy. 1:6).

Eliyaas, namni mooticha Ahaabiin gogii guddaan akka dhufu gochuudhaan sodaachise, “akkuma keenya nama ture” (Yaaq. 5:17).




Dinqii guddaa erga hojjetee booda, Eliyaas doorsisa mootuu Ezaabeeliin sodaa du’aa jala seene (1 Moot. 19:2-4).

Waaqayyo kan Inni raajota Isaa fo’atu, waan isaan muda-maleeyyii taa’aniif akka hin taane ifaa dha. Isaan keessatti maal ilaala? Jaalala isaan Waaqayyoof qabanii fi fedhii isaan Isaaf abboomamuuf qaban.



AMALLI RAAJOTAA AKKAM TURE?

“Miikaayaan garuu deebisee, ‘Dhugaa Waaqayyo jiraataa, ani waanuma Waaqni natti himu qofan isatti hima’ jedhe” (1 Moot. 22:14)



Akka Afaan Waaqaatti, raajonnii fi raajittiiwwan waamicha isaaniif dhaabachuu yaalaniiru (1 Saam. 12:3-4). Namoonni isaaniin akka “nama Waaqaatti,” “nama kabajamaatti” isaan ilaalu (1 Saam. 9:6).

Warri ergaa isaanii fudhachuu didan, isaan jibbanii doorsisaa turan (1 Moot. 22:8, 27). Garuu raajonni kun utuma dhiibbaan akkasitti isaan irra ga’uu, amanamummaadhaan ergaa isaanii dabarsaa turan.

Miikaayaan mootota lama duratti dhihaate, isaan immoo raajota 400 kan ergaa gaarii itti himanii fi eegduu haalichatti walii galaniin tumsamanii turan (1 Moot. 22:10-13). Haa ta’u malee, ejjennoo dhaabbataa qabaachuudhaan waanta Waaqayyo isatti mul’isee ala waan biraa dubbachuu ni dide (1 Moot. 22:14).

Namoota guutuu hin turre, garuu dhiirotaa fi dubartoota kadhataa, Sagalee Waaqaaf amanamoo, Waaqaa fi saba Isaaf kan hojjetan turan (1 Saam. 12:23; Ermiy. 42:4).



RAAJONNI HOJII MAALII HOJJETU?

“Yehuu ilma Nimshiis akkasuma dibiitii mootii Israa’el godhi; Elsaa’I ilma Shaafaaxi kan warra Abeel Mehoolaa sana immoo akka inni raajii ta’ee iddoo kee bu’uuf muudi” (1 Moot. 19:16)

Waantota biroo keessaa, raajonni hojiilee kana hojjetan:



Moototaa wajjin

- 👑 Isaan diban (1 Moot. 19:16)
- 👑 Yeroo isaan gaarii hojjetan jajjabeessaniiru (2S/baraa 15:8)
- 👑 Yeroo isaan hamaa hojjetan ittiin mormaniiru (1 Moot. 21:20)

Lubootaa wajjin

- 👑 Yeroo isaan hamaa hojjetan ittiin mormaniiru (Milk. 2:1-2)

Namootaa wajjin

- 👤 Karaa Waaqaa irra qajeelchaniiru (Mikiy. 6:8)
- 👤 Cubbuu isaanii itti himaniiru (Isaay. 58:1)
- 👤 Gara qalbii jijjiirrannaatti waamicha godhaniiru (Hisq. 18:32)


Nu wajjin

- 📖 Ergaa isaanii barreeffamaan kaa’aniiru (2S/baraa 13:22)

DUBARTOOTTA KAMFAATU KENNAA RAAJII QABA TURE?

“Yeroo sanatti niitiin Lafiidoot Debooraan raajittiin Israa’eliin bulchaa turte.” (Ab. Murtii 4:4)

Kakuu Moofaan raajittiwwan shan heera. Isaan keessaa tokko, Na’odiyaa kan jedhamtu, raajii sobduu dha (Nehim. 6:14). Kan biraa, haadha manaa Isaayaasiin ilaalchisee, raajittii kan isheen jedhamteef, haadha manaa raajii waan taateef ta’ee kennaa sana waan qabduuf ta’ee hin beeknu (Isaay. 8:3).



MIIRIYAAM. Akka raajittiitti, erga Galaana Diimaa ce’anii booda, dubartoota faarfannaadhaan dursiteetti. Adeemsa gammoojjii keessattis, obboloota ishee gargaartee saba geggeessiteetti (Ba’uu 15:20; Mikiy. 6:4).



DIBOORAA. Raajittii fi haadha murtii taatee itti gaafatamummaa lama qabdi turte, Baaraakii wajjin saba Siiseeraa loluu irratti geggeessiteetti. Mo’icha booda, faarfannaa jajuu raajii of keessaa qabu faarfatte (A/fird. 4:4-9; 5:1).



HULDAA. Waa’eee kitaaba Seeraa isa argame sanaa Yoosiyaas gorsa kenneeraaf. Gaaffii mootichaa deebisuu cinatti, dubbii jajjabinaa itti dubbatteetti (2 Moot. 22:14-20).

RAAJONNI SOBDUUN AMALA AKKAMII QABU?

"Amma illee Waaqayyo akkana naan jedhe; 'raajonni sun maqaa Kootiin soba raaju. Ani isaan hin ergine ykn isaan hin muudne ykn isaanitti hin dubbanne. Isaan mul'ataa fi raajii sobaa, waaqa tolfamaa waaqeffachuu fi waan ofuma isaaniitii yaadan isinitti himu." (Ermiy. 14:14)

Warri raajii dubbatan hundinuu waan Waaqayyo biraa ergaa fudhataniif hin dubbanne (Ermiy. 14:14). Ergaan isaanii maali, maaliifis dabarsan?

Raajii ofii isaanii uuman (Hisq. 13:2, 17)

Waan sabni dhaga'uu barbaadu dubbatan (Hisq. 13:16)

Cubbuu irratti homaayyuu hin dubbanne (Hisq. 13:22)

Faayidaa dhuunfaa barbaadaa turan (Hisq. 13:19)

Namni tokko akka sobaa jiru utuu beekuu maaliif Waaqayyoofan dubbadha jedha? Of gowwomsuu dhaa? Beekamtii argachuufii, moo maallaqa moo faayidaa biraa argachuuf?

Raajota sobduu ilaalchisee waanti gaddisiisaan namoota isaan dhagahan qabaachuu isaanii fi namoota isaan hordofan qabaachuu isaaniiti. Waan dubbatan ni jaallatu, sababni isaa dhamaatii isaan hin gaafatu, sammuu isaaniis hin ceepha'u. Garuu karaa isaanii hordofuun gara du'aatti geessa.

Raajii dhugaan balaa cubbuun of keessaa qabu ni akeekkachiisa, bu'aan isaa maal iyyuu haa ta'u sabni amanamummaa akka qabaatu jajjabeessa.



“Bartoota ykn raajota keessaa namni tokko illee ani cubbu-maleessa kan jedhe hin jiru. Namoonni Waaqayyotti dhihaatanii jiraatan, namoonni beekaa waan hamaa hojjechuu irra jireenya isaanii aarsaa gochuu filatan, namoonni Waaqayyo ifaa fi humna Waaqummaatiin isaan kabaje, eenyummaa isaanii isa cubbuudhaan guute himataniiru. Foon isaanii tasuma hin amananne, qajeelummaa ofii isaanii hin himanne, garuu guutummaatti qajeelummaa Kiristoosiin amanatan.”

EGW (The Acts of the Apostles, p. 561)

APPENDIX: THE PROPHETIC CALL OF ELLEN G. WHITE

Mul'ata ishee jalqabaa booda, dhukkuba tajaajila raajummaa isheetii fiixaan baasutu Elenitti dhagahame. Dhukkubaa fi barnoota muraasaa wajjin, namni umurii 17 kun waamicha isheef godhameef kan hin mallee fi fiixaan baasuu kan hin dandeenye ta'uu isheetu itti dhagahame.

Mul'ata jalqabaa argitee turban tokko booda, mul'ata lammataa wal'aansoo ishee dura jiru kan akeekkachiisu argite. Kadhata hedduu fi jajjabina obbolootaa fi obboleettota biraa argatteen, Ellen dhuma irratti waamicha ishee fudhatte.

Waggaa digdamaa gaditti, mul'ata baay'ee erga argitee booda, abbaa manaa ishee Jams Waayitiin deggeramtee, bu'uuraffamuu Waldaa Adveentistii Guyyaa 7ffaa (isa ifaatti 1863 hundeeffame) bu'uuressuu isaa gargaarte.



Tarsiimoo fayyaa fi barnoota Adiveentistii hundeesuu keessatti tajaajilli ishee ga'ee murteessaa qaba, barreeffamoota gara fuula 100,000 taa'an kan itti fufiinsaan qajeelcha Waaqaa guutummaa addunyaatiif kennan geggeessaa Waaqaatiin barreessitee keessee dabarte.

